

# Seenaa Maalik

- LIDA Italia
- Vilius Aistis Vilimas
- Muhammed Berisso
- 4
- Afan Oromo om



Maalik jedhama umuriin koo waggaa 39 dha. Afgaanistaan keessatti dhaladhe. Amantiin koo amantii guddaa Afgaanistaan keessa jiru irraa adda.



Waggoota dheeraaf namoonni amantii koo ta’an ari’amaa turan. Kun maatii kootiif baay’ee itti ulfaateera.



Waggoota muraasa dura waraanni ni ture. Ani ni ajjeefama jedhee sodaadheen ture. Maatii koo dhiisee Awurooppaa dhaqee jireenya haaraa jalqabuuf ture.



Kiilomeetira hedduu miilaan deeme. Yeroo tokko tokko nyaata hin qabu ture, bakkan buluus hin qabu ture. Namoonni ani waliin imalaa ture tokko tokko du’aniiru.




Dhumarratti nan gahe. Namoota biyya koo irraa dhufan tokko tokkoon wal barre, isaanis na gargaaran. Osoo isaan hin jiraatiniitii maal akkan godhu hin beeku.



Afaanicha barachuu jalqabe, garuu ulfaataa ture. Hojii argachuuf afaanicha dubbachuun barbaachisaa akka ta’e nan beeka ture.



Waggoota hedduudhaaf baradhe, jalqaba irratti afaanicha barachuuf. Ulfaataa ture, garuu wantoota haaraa barachuun na gammachiisa.




Erga baradhee booda hojii eegale. Jalqaba mana nyaataa tokko keessatti hojjadhe, achiis namoota gargaaruu waanan barbaaduuf barsiisaa ta’e.



Gaaf tokko gara Afgaanistaanitti akkan deebi’u abdiin qaba. Namoonni achi jiran hedduun gargaarsa kan barbaadan si’a ta’u, isaan gargaaruun barbaada.

# LIDA Stories

lidastories.net

## Seenaa Maalik


LIDA Italia
Vilius Aistis Vilimas
Muhammed Berisso


CC BY